

Mammaaksota Oromoo Qubee “M” n Jalqaban.

- 1 Maal baasuuf dhama raasu.
- 2 Maali fardi ni maraatee? jedhe waraabessi hari'ee dadhabee.
- 3 Maanguddoo fi eeboo dura hin dhaabbatan.
- 4 Madaan qubaa abbaa guba.
- 5 Malaaf malli jira mucaaf harmi jira.
- 6 Malannee bolla lama qotanne jette hantuunni
- 7 Mana aanu malee mana aaru bira hin dabran.
- 8 Mana balbala malee hin seenan, utubaa bakka malee hin dhaaban
- 9 Mana eegaan bara eega jette sareen jedhan.
- 10 Mana oormaa bareedaarra, godoo ofii wayya
- 11 Mana waraaabessaatti foon liqii hin dhaqan
- 12 Manni ija daha malee, gurra hindahu.
- 13 Manni of jajjuu karaa dura.
- 14 Manni waaqni ijaare hin jigu
- 15 Maqaa hannaa, abbaatu ofirraa eega
- 16 Maqaa ni bitan malee, hin gurguran
- 17 Maqaan baatu fi karaan baatee hin deebitu.
- 18 Maqaan baduu mannaa, mataa baduu wayya jette gondaan ciniintee haftee.
- 19 Maqaan erbaniif haarawa hin taatu
- 20 Maraatanii biyya hin bulchaan, mari'atanii malee
- 21 Maraattuufi sooressi akka argetti haasawa.
- 22 Maraattuun keessi fayyaadha.

- 23 Maraatuu keessi gamna.
- 24 Marartoon du'a hin oolchu.
- 25 Mari'ataan gowwaa hin qabu
- 26 Mari'ataan gowwaa hin qabu
- 27 Mi'a wal fakkaatu walbiratti fannisu.
- 28 Midhaan dura facaasan sinbirri nyaattet nama dura dubbate namni komata.
- 29 Midhaan warra gowwaa bonaa ganna nyaatu.
- 30 Midhaan warra raatuu bona bona nyaatu.
- 31 Miila lama qabaataniif muka lama hin koran.
- 32 Miximixaa harkaan dhaabani gubaa himatu.
- 33 Moluu tiyya boruufuu si'abdadhe" jedhe jaarsi aduun mataa dhoofta.
- 34 Moo yaa afaan jedhe funyaan.
- 35 Moo yaa afaan" jedhe funyaan.
- 36 Morki baduu mannaa mormi cituu woyya
- 37 Mucaan " nyaanyaa" jedhe osoo hin nyaatiin hin hafu.
- 38 Mucaan du'aaf dhalate wareegaan hin guddatu
- 39 Mucaan nyaanyaa jedhe osoo hin nyaatiin hin hafu.
- 40 Muka beekan qoricha hin se' an.
- 41 Muka biyya jiruun mana ijaaran.
- 42 Muka jalaa ol Koran malee, gubbaa gadi hin koran
- 43 Muka jigetti qottootu baay'ata.
- 44 Muka koruun nama hin dhibu, bu'utu nama dhiba.